

TARKAANFILEE JAHA DUBBISUUF BARBAACHISOO TA'AN

(SIX STEPS TO EFFECTIVE READING)



Tooftaalee Fedhii Dubbisaa Ittiin Cimsatan

Dubbisuudhaaf yeroo hundumaa keessi kee kaka'uumsa akka horatu taasisuuf dadhabbiin yommuu sitti dhaga'amu hin dubbisin! Dadhabbii irra waan jirtuuf keessa kee dubbisuuf kaka'uumsi guddaan waan hin jirreef fedhii dubbisuu keetii si jalaa hir'isa. Waanuma si gammachiisu hundumaa dubbisi! Yeroo dubbisaaf qabduu fi yeroo hojii keetii addaan qoodudhaan itti fayyadami! Yeroo ammaa kitaabilee akkasumas maxxansa adda addaa fi toora hawaasummaa (marsariitii) adda addaa irraa gita hojii nuti barbaannuun wantoota dubbifamu

hundumaa akkaataa barbaanneen argachuu ni dandeenya. Kuni garuu ciminaan fedhii nama dubbisuu irratti hundaa’a. Namni dubbisu kamiyyuu ogummaa yookiin hojii barbaade irratti hubannoo gahaa akka qabaatuu fi milkaa’insa akka argatu beekamaa dha. Meeqaa keenyatu dubbisaaf of qopheessinee jirra kan jedhu garuu gaaffi dha.

Barruun gabaabaan kuni tarkaanfilee dubbisaa barbaachisoo ta’an isiniif qooduun akkasumas marsariitii kitaabileen adda addaa irratti argaman isin affeera. Kaka’uumsa dubbisuuf qabdan cimsuu irratti gahee olaanaa taphata.

Abdiisaa Ejjetaa akkas jechuun barreesseera.

ARAADA JAALATAMAA!

“Araada tokkoon wal haa barru. Araada baay’een ittiin rakkatu irraa adda. Araada aara hin qabne, araada jaalatamaa! Araada kanaan qabamuun carroomuudha. Namni araada kanaan qabame sadarkaa itti aanutti darbuuf tattaafata malee dhiisuuf yaalii hin godhu. Araada jaalatamaa! Abbaa irraa ilmatti, hangafaa quxisuutti, kan duraa irraa kan dhufutti osoo darbee daandii mil’uu gara kaleessaa, sakatta’iinsa isa har’aa fi mul’ata boruu ta’uun dhalootaaf miidhagina hiixata. Eeyyeen! Nama irraa namatti yoo darbe dhiibbaan isaa ba’aa osoo hin taane bu’aa buusa, qara baasa, daba sirreessa, dhangaa nyaataa fi dhugaatii ta’uun dheebuu fi beela bakkaa kaasa. Araadichi araada jaalatamaadha! Nama araada kanaan qabamee fi hin qabamne jidduu garaagarummaa mul’ataatu jira. Araada jaalatamadha. Kanaafi! Bu’aan araada kanaa arraba gabaabsa, afaan dhiphisa, sammuu immoo daran bal’isa. Eeyyeen wallaalaa beekaa godha, beekaa immoo ittuma qara. Keessa namaa haareessuun fakkaattii alaa jijjiira. Quba namatti qabbii hir’isuun, of beekuu fi sakatta’iinsa keessa namatti dhiyeessa. Of nama barsiisa! Kan of bare immoo, ofiifis ta’ee hawaasa keessa jiraatuuf jal’isii ta’ee kan goge jiisaa, kan jiidhe immoo lalisiisa malee, lolaa ta’ee kan jiru balleessuun abdii namaa hin golgoleessu. Araada jaalatamaa! Araada dubbisuu sana. Araada dubbisaa! Namni dubbisus isa hin dubbifne irraa adda. Dubbisaan dubbii tola; hammi dubbatus faara tolaan namaa liqimfama. Dubbiin isaas akka damma daamuuti; dhaggeeffataan ‘dhaggeeffadhuu’ malee dhaggeeffachuuf dirqamama. Dubbisaan waan dubbatu beeka, waan beeku dubbachuufis sodaan hin moo’atamu. Eeyyee, araada dubbisaa haa horannu! Haa dubbifnu!”

There is an art of reading, as well as an art of thinking, and an art of writing.”

[\(Isaac Disraeli\)](#)

Ogummaan dubbisuu ni jira. Akkasumas ogummaan yaaduu fi ogummaan barreessuu ni jira. Dandeettii dubbisuu cimsachuun kutaa barnootaa keessaa isa tokko dha. Haa ta'u malee barattoonni yeroo jalqabaaf muuxannoon yookiin sadarkaan dubbisuu isaanii barnoota isaanii waliin ulfaataa ta'uu danda'a. Sababni ulfaataa ta'uu isaa yerootti fayyadamuu fi adeemsa dubbisuu isaanii of keessatti qabata.

Yeroo qoqqoodanii itti fayyadamuu barattootaa ilaalchisee: Barattoonni yeroo dubbisaa kan qabaatan:

- Gosa barnootaa dubbisanii yaada waliigalaa argachuuf.
- Yeroo dubbisaa qabaachuu: Yaadannoo qabachuuf.
- Yeroo dubbisaa barbaaduu: Qormaata fi assignment hojjechuuf.

Barattoota Baay'eedhaaf Dandeettii Dubbisuu Isaaniif Qormaata Ta'uu Kan Danda'an:

- Afaan English'tiin barachuu: Tarii namoota baay'edhaaf afaan lammaffaa dha.
- Jechoota kana dura hin fayyadamne (unfamiliar word) itti dhimma bahuu.
- Wanta dursa dubbisan duubatti deebi'uun waan hin beekne sakatta'uu.
- Sagalee dhageessisuudhaan yookiin olkaasanii dubbisuu akkasumas utuu hin boqotin dubbisuu.

Barruu Kana Keessatti Akkaataa Itti Barattoonni Dandeettii Dubbisaa Itti Cimsatan Jaha Ilaalla. Isaanis:

1. Dubbisaaf Kaka'uumsa **Qajeelaa** Qabaachuu.
2. **3R Guddifachuu** (Reveal, Review & Remind)
3. Baay'ee **Filachuun** Dubbisuu (Become Selective Reader)
4. Dubbisaa **Cimaa** Ta'uu (Become Smart Reader)
5. Baay'ee **Xiyyeeffachuu** (Become More Selective Reader)
6. Dubbisaa **Gameessa** Ta'uu (Become Active Reader.)

TARKAANFII 1FFAA: DUBBISUUF KAKA’UUMSA QAJEELAA QABAACHUU

Kan dursuu qabu dursuu: Waa’ee dubbisuu maal yaadda? Himoota armaan gadii kana ilaaluun yaada kee mirkaneessi! Yaada ofii keetiif amanamaa ta’i!

- ✓ *Wanta hundumaa dubbisuuf na gammachiisa. Akkasumas yeroo hundumaa hojiidhaaf yookiin qo’annaa dhaaf nan dubbisa.*
- ✓ *Gosa barnoota kana dubbisuu baay’een jaaladha, nan hojjedhas.*
- ✓ *Dubbisuuf baay’ee ana hin hawwatu. Garuu nan dubbisa. Sababni isaa hojiidhaaf yookiin qo’adhee baruuf na gargaara.*
- ✓ *Ani dubbisuu hin jaaladhu! Nan yaala; nan dhiisas.*

Yaadni kan kee isa kanaan wal hin qabatu yoo ta’e bakka armaan gadii kana irratti barreessi!

Amma yaadolee fuula itti aanu irratti tarreeffaman ilaali!

DUBBISUUF YAADOLEE KEE

Dubbisuuf yaadoleen ati qabdu karaa ittiin dubbisa irratti hirmaattuu fi akkaataa dubbisa keetii itti too'attu irratti dhiibbaa qaba. Namoonni muuxannoo dubbisuu qabanii fi bashannanaaf dubbisan adeemsa isaanii sirnaan hordofu. Akkasumas xiyyeeffachuun dubbisuuf maal akka gochuu qaban ni hubatu. Hordoffiinii fi barten isaan qabaatanis:

- Dubbisuuf yeroo qajeelaa ta'ee fi bakka mijataa
- Fedhii olaanaadhaan dubbisu.
- Waan dubbisan irratti ciminaan hirmaatu.
- ... Dubbisa gaarii dubbisuuf addaan baafatu.

Gochaan dubbisaa kun qajeelfama baay'ee barbaachisaa fi sadarkaa olaanaa irratti, hojii fi jiruu fi jireenya keessatti baay'ee isaan gargaara. Haa ta'u malee barattoonni baay'een fedhii dubbisuu isaanii yookiin dubbisuu jaalachu dhabuu isaanii kan waldhahe ta'ee argama. Akkasumas kan dubbisaniif sababuma gochuu qabaniif. Fakkeenyaaf, qormaata hojjechuu, barsiisaan isaanii dubbisaa waan isaaniin jedheef qofa dubbisuu.

Ati yaada kanatti dhiyoo yoo taate, akkaataa dubbisa keetii too'achuuf fedhii dubbisaaf qabdu guddisuu irratti hirmaachudhaan sadarkaa dubbisaa olaanaa horachuu ni dandeessa. Yoo fedhii dubbisaa sirriitti horachuu jalqabde barreeffamni kuni akkaataa dubbisaaf kaka'uumsa horatanii fi haala too'annoof baay'ee kan si gargaare ta'a.

Dubbisuudhaaf Kaka'uumsa Gaarii Horachuuf Wantoota Gurguddoo Sadi (3) Gochuu Qabdu:

1. Torbanitti si'a tokko wanta dubbisuuf baay'ee si gammachiisu bituu yaali! Barreeffama nama kofalchiisu, gaazexaa yookiin wanta biraa. Dubbisi! Jaaladhu! Yoo nuffite dhaabi!
2. Wanta ati dubbisuu filatte hiriyyoonni kee akka dubbisan taasisi! Waan dubbifte irratti waliin haasa'aa!
3. Waan dubbisuu qabdu fiixan baasuuf of qopheessi! Daqiiqaa dubbisuuf qabatte qofa dubbisi! Akkasumas waan dubbiftu waliin hirmaannaa gaarii qabaadhu!

TARKAANFII 2FFAA: 3R GUDDIFACHUU

Utuu dubbisuu hin eegalin yaada kana qabaachuun ni barbaachisa. Dubbisuuf ofitti amanamummaa guutuu qabaachuuf gargaara. Yeroon dubbisaaf qabdu murtaa'aa yoo ta'e garuu, maaliif akka dubbiftuu fi maal irraa hubachuuf akka dubbiftu adda baaftee beekuu qabda.

Bu'aan dubbisuu adda addaa sadarkaa dubbisaa garaagaraa barbaada. 3R kan jedhamus:

- **Reading to Reveal**
- **Reading to Review**
- **Reading to Remind**

- 1) Barsiisuu yookiin qo'achiisuuf dubbisuu – yaada waliigalaa fi tuqaalee barbaachisoo hubachuuf.
- 2) Madda adda addaa fi daataa hubachuun beekumsaa fi gaaffilee qopheessuuf akkasumas qormaataaf qophaa'uu.

Akkaataa Dubbisaa (Reading Approach)

- 1) Barsiisuuf yookiin hubachiisuuf dubbisuun yaada tokko tokko akka hubattuuf akkasumas wanta hubatte dhiheessuu fi mari'achuuf gargaara.
Sadarkaa kanatti, beekumsa gadi fagoo akka hin barbaachifne, ariitiidhaan irra fiiguun sakatta'uudhaan yaada waliigalaa hubachuu fi yaaluun hubannoo barbaachisoo gonfachuun barsiisuu dandeessisan qabaachuun ni danda'ama.
- 2) Madda adda addaa fi daataa sakatta'uun yeroo kan fudhatu ta'ee, akkaataa dubbisaa baay'ee gadi fageenyaan dubbisuuf gargaarudha.

TO REVEAL



Erga barattee booda wanta siif gale irra deebitee ilaaluuf tooftaa gargaaru dha. Akkaataa Dubbisaa (Reading Approach) Wanta dubbifte sakatta'uu fi madda barbaachisoo hordofuu. Gosti dubbisa kanaa waan dubbifte salphaatti qabachuu, yeroo qusachuu, waan dubbifte irratti odeeffannoo gahaa akka qabaattuuf baay'ee barbaachisaa dha.	TO REVIEW 
Yaadachuudhaaf dubbisuun wanta kana dura dubbiste caalatti akka hubattu taasisa. Fakkeenyaaf qormaataaf yeroo qophoofu tooftaa kana fayyadamta. Akkaataa Dubbisaa (Reading Approach) Akkaataa dubbisa sadarkaa kanaatti sirnaan itti kan fayyadamtu yoo ta'e wanta dubbiftu irratti hubannoo olaanaa fi mata duree kanneen biroo waliin wal bira qabdee ilaalta.	TO REMIND 

Faayidaalee Dubbisuu



Barattoonni baay'een karoora dubbisuu qopheessudhaan yeroo isaanii qoodanii itti fayyadamuuf gargaaramu.

Karoora Dubbisuu (Reading Plan)

Karoora dubbisuu qabaachuun kaka'uumsa dubbisuuf qabdu ni cimsa. Daqiiqaa 40 – 50 mata duree tokkotti fayyadamuudhaan turban tokko keessatti hanga dubbistu baruu dhaaf si gargaara.

Wiixata	Kibxata	Roobii	Kamisa	Jimaata	Sanbata	Dilbata
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree
Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree	Yeroo Mata duree

TARKAANFII 3FFAA: FILACHUUN DUBBISUU

- Kitaaba akka dubbiftuuf gorfamte hunda baafata baafataan dubbifta utuu hin taane, dubbisuu kan qabduu fi hojii kee keessatti kan si qajeelchan filachuun dubbisuun beekumsa irraa argachuu maltu gonfachuu si barbaachisa.
- Kitaabilee tarreeffaman keessaa adda baafachuu hin sodaatin! Kitaabni tokko tokko dubbisuuf kitaabilee kaan caalaa salphaa fi mijatoo dha. Addaan baasuudhaan yaada kitaabichaa yaada kitaaba biroo waliin wal bira qabii ilaali! Garaagarummaan dubbisaa fi ciminni jechoota kitaabicha keessatti barreeffamanii yoo jiraate kitaaba kan biraa baay'ee mijatoo ta'an dubbisuu dandeessa. Haala kanaan dandeettii kitaaba adda baafachuu fi mijatoo ta'an filachuun dubbisuuf qophaa'aa ta'uu keetii ni cimsatta.
- Tarii yaadaa fi hubannoo kee kan caalatti baldhifachuu dandeessu fakkeenyaaf karaa fakkii fi giraafiitiin ta'uu danda'a. Akkasumallee gosa barreeffama kitaaba kanaa jaalachuu dandeessa. Jaalachuun kee dogoggora homaa hin qabu. Wanti baay'ee barbaachisaan garuu karaa sitti toleen yaada isaa hubachuu, itti hirmaachuu fi gochaan agarsiisuu dha.
- Sababa dubbistuuf sirriitti adda baaftte yoo beekte, akkasumas faayidaan dubbisa irraa argachuu maltu maal akka ta'e irratti xiyyeeffachuun dubbisa yoo eegalte, kitaaba barbaachisoo siif ta'anii fi hojii guyyaa guyyaa keetii qajeelinaan gaggeessuuf si gargaaran adda baaftte dubbisuu fi madda sirrii ta'ee odeeffannoo gahaa ta'e waliin argachuu dandeessa.

Interneetiin barreeffamaa fi odeeffannoo gosa barbaaddee fi madda waan irratti dubbisuu barbaaddee filattee dubbisuuf meeshaa baay'ee barbaachisaa ta'ee dha. Toora interneetii baay'ee irraa fayyadamuu dandeessan xaxoo (geessituu) isaanii waliin armaan gaditti isiniif kaa'eera.

USEFUL INTERNET SITES FOR BUSINESS STUDENTS



BIZED (useful site for business studies students)

www.bized.ac.uk/

BIDS (academic publications)

<http://www.bids.ac.uk>

CAROL (Company Annual Reports Online): Annual report site with direct links for companies in Europe, Asia and USA; news on mergers and acquisitions and links to other sites.

www.carol.co.uk

DTI Publications (UK government)

<http://www.dti.gov.uk/publications>

Economist (magazine)

www.economist.com

University of Bradford, School of Management Six Steps to Effective Reading
Effective Learning Service 8

Emerald (academic publications)

<http://fiordiliji.emeraldinsight.com>

European Union

www.europa.eu.int

Europages (a business directory covering thirty European countries; choice of languages and is searchable by company name or product/service).

www.europages.com

FAME (financial and other data from Companies House)

<http://fame.bvdep.com>

Financial Times (news and annual reports service)

www.ft.com

FreePint (range of useful Market Research resources, including featured articles, archive and student ‘bar’ for help on tricky research questions and issues)

www.freepint.com

HRM (links and guides for HRM in UK, USA, Canada and Australia)

www.HRMGuide.net

HSBC (Business Profiles: economic and business information for over 40 countries)

www.hsbc.com.hk/hk/bps

ICAEW (accounting publications)

<http://www.icaew.co.uk/library>

Ingenta (academic publications)

<http://www.ingentaselect.co.uk>

Institute of Fiscal Studies (UK taxation and economics)

<http://www.ifs.org.uk>

ISI Web of Science (citation index)

<http://wos.mimas.ac.uk>

JISC (academic publications)

<http://www.jisc.ac.uk>

Listed Companies (annual reports for listed companies in Europe and USA)

www.carolworld.com

National Statistics Online (UK government)

<http://www.statistics.gov.uk>

Mintel (market analysis)

www.mintel.co.uk

University of Bradford, School of Management Six Steps to Effective Reading Effective Learning Service 9

NISS (news, publications and other information and good links to academic libraries)

<http://www.niss.ac.uk>

OneLook Dictionaries (this checks over 150 dictionaries. It is very useful for finding definitions or summaries)

www.onelook.com/

Research-it: (useful for quotations, maps, language translations, definitions and for finding facts and figures on a wide range of subjects)

www.iTools.com/research-it/

Small Business Portal

<http://www.smallbusinessportal.co.uk/index.php>

Small Business Service (UK government)

<http://www.sbs.gov.uk>

Social Sciences Information Gateway (including business, economics and research methods)

www.SOSIG.ac.uk

UKOnline (UK government information)

<http://www.ukonline.gov.uk>

United Nations (news and publications)

<http://www.un.org>

WWW Virtual Library (useful links to business related sites)

<http://www.vlib.org>

TARKAANFII 4FFAA: DUBBISAA CIMAA TA’UU

Dubbisaa cimaan wanta dubbise sirriitti kan beeku fi yaadatuu dha. Dubbisaa (reader) cimaa fi beekamaa ta’uun ni danda’ama. Kunis:

- Cuunfaa kitaabilee fi guduunfaa barreeffamoota kitaabilee keessaa fudhatamanii dursanii dubbisuudhaan yaada guutuu kitaabaa fi yaada boqonnaalee isaa salphaatti argachuu. Mala dubbisaa, yaada waliigalaa fi tuqaalee barbaachisoo hubachuuf (reveal) armaan olitti ilaalleen waliin walqabata.
- Qabxiilee irratti xiyyeeffachuu si barbaachisu adda baafttee beekuuf, akkasumas yaada barreessaa hubachuuf sakattaa’iinsi guduunfaa yookiin cuunfaa kitaabaa tarkaanfii haala dubbisaa fayyadamuu qabnu kanaa baay’ee gargaara. Akkasumas kaka’uumsi dubbisaaf qabdu akka cimuu fi dubbisuuf akka of qopheessitu si taasisa.

Qabxiilee Kitaabaa Akkamitti Argachuu Danda’a?

Kitaabni baay’een sirnaan qindeeffamanii barreeffaman kutaa kutaa fi keeyyataan qoqqoodamu. Tokkoon tokkoo keeyyataa yaada ijoo barreeffamichaa adda baastee hubachuu dandeessa. Fakkeenyaaf barreeffama keessaa armaan gaditti kan fudhatame: Himni ijoo keeyyata kanaa maali dha?

Faayidaan inni jalqabaa hoji-gaggeessitoonni interneeta fayyadamuu irraa argatan haala saffisaa, akkaataa qulqullinaa fi hojjetoota fageenya irra jiran waliin salphumatti wal arguu danda’uu isaaniiti. Akkasumas qisaasa’iinsa qabeenyaa hambisuuf gargaara. Dhaabbanni gurguddoon interneeta fayyadamuudhaan yeroo isaanii qusachuu akkasumas oomisha isaanii beeksifachuuf itti gargaaramu.

Ergaa ijoon hima kanaa

Faayidaan inni jalqabaa hoji-gaggeessitoonni interneeta fayyadamuu irraa argatan haala saffisaa, akkaataa qulqullinaa fi hojjetoota fageenya irra jiran waliin salphumatti wal arguu danda’uu isaaniiti.

Himni jalqabaa ergaa ijoo barreeffamichaa, faayidaa interneeta fayyadamuun qabu kan argisiisu yoo ta’u, himoonni itti aananii jiran immoo hima ijoo sana gargaaruuf kan barreeffamanii dha.

Karaalee Biroo ittiin Dubbisaa Cima Ta'an:

1. Dubbisni baay'ee gaariin yeroo mijataa itti dubbisanii fi fedhii dubbisaa guutuu qabaachuun argamuu dha. Namoonni tokko tokko dubbisuuf kaka'uumsa qabaniin guyyaatti utuu hin dubbisin hin oolani! Namoonni biroo immoo barfatanii dubbisu.
2. Akkasumas dubbisni gaariin yoom akka itti dhaaban beekuu gaafata. Wanti baay'ee barbaachisaan yeroo ofii qoqqooduudhaan yeroo dubbisaa (daqiiqaa 40 - 50) akka hin nuffinetti walitti fufanii sa'aatii dheeraa dubbisuu irra boqonnaa fudhachaa dubbisuu dha. Yeroo dheeraaf kan dubbistu yoo ta'e xiyyeeffannoon mata duree dubbistuuf qabu hir'achuun waan dubbiste dagachuu dandeessa.
3. Kitaabilee baay'ee yommuu dubbifan waa'een wanta dubbistanii wal isin jalaa dhahuu (distraction) danda'a. Tooftaan ittiin fayyadamuu qabdan gaaffii akkas jedhu of gaafachuudhaan jalqabaa! Wanti qayyabadhu kuni jireenya koo waliin deema? jechuun of gaafadhaa! Hojii keessan kanaan duraa fi fuulduratti hojjechuuf jirtaniin wal qunnamsiisuu yaalaa!
4. Muuziqaa dhaggeeffachaa dubbisuun barattoota tokko tokko itti tola. Namoota birooof immoo miti. "Music for accelerated learning!" dubbisuuf kaka'uumsa isaaniif dabala.
5. Hoji-manee yookiin assayiment (assignment) hojjechuuf yommuu dubbiftu kitaabilee baay'ee dubbisuun hin gorfamu, kitaabni gadi fageenyaan akka dubbiftuuf waan si ajajuuf si ajajuuf eroo keetti fayyadamuuf kitaaba lama yookiin sadi madda mata duree kee irratti barbaaddee yoo hojjette gaaridha.

TARKAANFII 5FFAA: XIYYEEFFACHUU
--

Yommuu dubbiftu kanneen armaan gadii keessaa isa kami hordoofa?

- a. Sagalee dhageessisaa dubbisuu yookiin garaa keessatti dubbisuu?
- b. Jechoota dubbiste duubatti deebitee sakatta'uun hiika isaa mirkaneeffachuu fi hubachuu?
- c. Jechoota kana dura hin beekne (unfamiliar word) dubbisuu dhiisuun bira darbuu yookiin dhaabuu?

Kanneen keessaa deebiin kee “eeyyee” yoo ta’e yaadolee si gargaaran armaan gaditti dhiyaatan ilaaluun adeemsa dubbisaa saffisaa qabaachuu dandeessa.

a) Sagalee dhageessisaa dubbisuu yookiin garaa keessatti dubbisuu?

Sagalee dhageessisaa yoo dubbifte akkuma saffisa sagalee baafattuun dubbifta. Isa kana dhaabuu yaaltee ija keetiin irra deemtee yoo dubbifte immoo saffisni kee dabalee argita. Ija kee irra oofun dubbisuu yoo yaalte sarara barreeffamaa saffisaan dubbifta.

b) Jechoota dubbiste duubatti deebitee sakatta’uun hiika isaa mirkaneeffachuu fi hubachuu?

Barattoonni waan tokko mufachuun (aaruun) barreeffamicha hubachuuf yookiin sirrii ta’uu isaanii mirkaneeffachuuf irra deddeebi’anii akka dubbisan taasisa. Kuni immoo adeemsi dubbisuu isaanii akka gadi bu’uu fi yeroo itti fudhatu godha.

c) Jechoota kana dura hin beekne (unfamiliar word) dubbisuu dhiisuun bira darbuu yookiin dhaabuu?

Kuni amala dubbisaa beekama dha. Garuu, adeemsa dubbisuu kan hir’isu keessaa isa tokko dha. Namoonni baay’een jechoonni haaraan akka kanaa gaafa isaan qunnamu dubbisa isaanii achumatti dhaabanii hiika jechichaa barbaaduuf gara hiika jechootaa (dictionary) deemu.

Haa ta’u malee, ittuma fufanii dubbisuun gaaridha. Akkuma tuqaalee itti fufan dubbisaa adeemtuun yaadni jechicha haaraa ta’ee siif hubatama.

Yeroo hundumaa jecha haaraa sitti ta’e jala butuun dubbisa kee itti fuftee dubbisuun booda hiika isaa mirkaneeffachuu dandeessa.

Mata duree dubbisaa irratti xiyyeeffachuu

Akkuma kana dura ibsamee ture dandeettii dubbisaa horachuuf jechoota waliigalaa (hima ijoo) barreeffamichaa irratti xiyyeeffachuu barbaachisa. Mala kanatti yoo fayyadamte himoota si gargaaran adda baafttee fudhachuu fi kan si hin fayyadne immoo bira darbuuf yookiin xiyyeeffannoo cimaa kennuu dhiisuuf si gargaara. Kunis saffisa dubbisuu keetii fi wanta barbaaddu ariitiin argachuuf si gargaara.

Saffisa Dubbisuu

Saffisni dubbisuu daqiiqatti dandeettii namni tokko jechoota 10,000 hanga 25,000 dubbisuuf qabaachuu danda'uu dha. Fakkeenyaaf namni Howard Berg (1998) dandeettii jechoota 25,000 daqiiqaa tokkotti dubbisuu danda'eera Kunis gara fuula 80-90 daqiiqatti jechuu dha.

Akkuma konkolaataa saffisa walfakkaataan hin oofne, akkaataa daandiitiin walsimsiiftee saffisa jijjiirtu dubbsuunis akkasuma. Yaadni ijoon saffisaan dubbisuu, waraqaa walakkaa irratti xiyyeeffachuun sarara tokkoon tokkoon barreeffamaa hanga ariitii dandeettii keetiin ija keetiin irra fiiguun dubbisuu akkasumas gonkumaa jecha yookiin hima tokkollee utuu keessaa hin fudhatin irra keessa dubbisuu dha.

Ariitiidhaan dubbisuun

- Jechoonni si fayyadan isaan kam akka ta'anii fi
- Dubbisa si hin barbaachifne akka bira darbituuf si gargaara. Akkasumas dandeettii hiika jechoota wal cinaa jiranii hubachuuf barbaachisa.



Ariitiidhaan kan dubbiftu fakkeenyaaf barsiisuuf, mata duree addaa baafachuuf, dubbii ijoo kitaaba keessaa fudhachuuf yookiin barbaaddu fi kan kana fakkaataniif jechoota ijoo ta'an irratti xiyyeeffachaa adeemta.



Suuta dubbisuu: Suuta dubbisuun mata duricha sirriitti hubannoo qabaachuuf barbaachisa. Mata duree haaraa ta'e barsiisuuf, beekumsa dabalataa barbaaduuf kan dubbifamuu dha. Akkaataan dubbisa kanaa booda irra deebitee gaafa mirkaneeffattu waan

dubbifte salphumatti mirkaneeffachuuf yeroo siif qusata.

TARKAANFII 6FFAA: DUBBISAA GAMEESSA TA'UU

Dubbisaa gameessa ta'uun akkaataa kaka'uumsa dubbisa dubbiftuuf qabdu irratti hundaa'a. Karaan baay'ee barbaachisaan wanta dubbiftu irratti yaadannoo qabachuu dha. Yaadannoo fudhachuu fi yaadannoo qabachuun adda dha. Yaadannoo qabachuun dandeettii fi muuxannoo gahaa qabaachuuf gargaara. Kunis wanta barbaaddee fi yaada kee itti dabaluun waan dubbiftu akka hin daganneef si gargaara. Yaadannoo fudhachuun kana irraa addadha. Wanta dubbisan kitaaba keessaa callisanii garagalchuun akka mata duree kanaatti gorfamaa miti.

Yaadannoo qabachuun waan dubbifte cuunfaa isaa qabachuu yookiin matadureessuun jechoota ofii beekaniin qabachuun baay'ee barbaachisaa fi waan murteessaa dha.

Barattoonni kitaaba tokko irraa yaadannoo qabachuu barbaadan gaaffilee armaan gadii of gaafatu:

- Odeeffannoon kana nan barbaadaa? Yoo ta'e kutaa kami dha?
- Yaadannoo qabachuun na barbaachisaa? Yoo ta'e, faayidaa maalitiif?

Barattoonni yaadannoo qabatan yeroo hundumaa waan dubbisan irratti yaada isaanii dabaluun yaadannoo qopheeffatu.

Recommended Reading:



Cottrell, S. (2003)

The Study Skills Handbook, London: Palgrave. *Contains lots of advice and information presented in a lively and visually interesting way. This is an excellent general study skills guide for all undergraduate or postgraduate students.*

University of Bradford, School of Management Six Steps to Effective Reading
Effective Learning Service 23

Fairbairn, G.J., and Fairbairn, S.A. (2001)

Reading at University: a guide for students, Maidenhead: Open University Press.

This book is one of only a few books currently in print that focuses on reading management and note-making; highly recommended.

Giles, K. and Hedge, N. (1998)

The Manager's Good Study Guide,

Milton Keynes: Open University. *A study skills guide written for business studies students and contains advice and information presented in a clear, readable and subject-specific way.*

Lewis, M and Reinders, H. (2003)

Study Skills for Speakers of English as a Second Language, Basingstoke: Palgrave MacMillan.

This book has some particularly helpful advice on improving and developing communication skills for university study.

Lowes, R., Peters, H., Turner, M. (2004)

The International Student's Guide: Studying in English at University, London: Sage

Publications. *This book is especially written with the needs of international students in mind and contain advice on building vocabulary, giving oral presentations, managing reading and coping with life as an international student; highly recommended.*

SOME USEFUL STUDY TECHNIQUES INTERNET SITES:



www.support4learning.org.uk/education/key_skills.htm.

This is a good all-round site for study skills advice and information. This site has good links with dozens of other study techniques websites, so it is a good starting point for you.

www.palgrave.com/skills4study this is a study support site aimed at international students and has some excellent advice on coping with different accents and with lecturers who speak fast; plus advice on note taking and many other strategies for effective learning.

www.leeds.ac.uk/ics/study.htm excellent advice and information on essay writing will be found on this site.

www.bized.ac.uk/ this is a study support site especially constructed for business studies students and contains useful course information and advice on developing effective study techniques.

Madda: BRADFORD UNIVERSITY *School of Management*



Telegram: https://t.me/Reading_PDF

SIX STEPS OF EFFECTIVE READING

Getu Abera

May 2021

0919872853



Dubbisa Gaarii!!